TALAALLII COVID-19

TALAALLIIN COVID-19 YOOM JALQABA?

- COVID-19 ittisuuf talaalliiwwan adda addaa kan fooyya'insa qaban gaggeeffamaa turaniiru. Talaalliin fayyaalessaa fi bu'a qabeessa tehe dhufaa jira, garuu gara duraatti dhiheessi isaa xiqqaadha. Itti fufinsaan haguuggii fuulaa uffachuu, fageenya eeggachuu, harka keenya deddeebisnee dhiqachuu fi yeroo nu dhukkubutti mana turuun tamsa'insa COVID-19 xiqqeessuu qabna.
- Karoorrii Biiroon Fayyaa Minisootaa (BFM) (Minnesota Department of Health) talaallii gaggeessuuf qabu hammeenya dhukkubaa fi du'a hir'isuu, haqaa fi qixxeedhaan hawaasa hundaaf raabsuu fi waliingahuudha. BFM fi Buufataaleen fayyaa kan naannolee odeeffannoo talaallii raabsuu akkuma odeeffannoo gahaa argataniin ni ifoomsu.
- Talaalliin COVID-19 dura namoota seektaroota fayyaa keessa hojjatanii fi bakka hujiitti COVID-19 qabamuu danda'anii fi namoota tajaajila fayyaa ittifufinsaan hojjatamu, kanneen akka kunuunsa manatti yaaluu keessa warreen jiraatanii fi hojjataniidha. Gareen biraa warren duursa irratti talaallii argachuu malan namoota iddoo tajaajila hatattamaa irra hojjatan, hojjattoota ijoo, ga'eessota rakkoo fayyaa cimaa qabanii fi manguddoota umriin isaanii waggaa 65 fi achii ol taheedha.
- Namoonni marsaa duraa kanatti hojjachiisaa yokiin bakka isaan jiraatan irraa talaallii akka fudhatan, yoomii fi akkamitti kan jedhu itti himama. BFM talaallii hamma fudhatamuu qabuu fi yeroo itti argamu kan marsaalee dhufaniis ni beeysisu.
- Dhumarratti namoonni minisootaa kan fedhii qabdan hundi talaallii fudhachuu dandeessu. Namni hundi ammatti talaalamuu dhiisuu danda'a. Mootummaa fi buufataaleen fayyaa hawaasaa akka talaalaman nama hin dirqisiisan.

TALAALLIIN AKKAMITTI HOJJATA?

- Talaalliin jalqabaa hanga ammaatti qophaawe vaayirasii COVID-19 kan lubbuun jiru yokiin vaayirasii du'aa of keessaa hin qabu. Wantoota sirna ittisa dhukkubaa qaamni keenya qabu vaayirasii COVID-19 sana akka hubatan gochuunii fi osoo isaan miidhaa nurraan hin geenye balleessuu danda'an of keessaa qaba.

TALAALLIIN KUN HAGAM TAKKA FAYYAALESSAA FI BU'A QABEESSA?

- Talaallii duraa kan oomishan oomishtoota USA keessa jiran kan Moderna fi Pfizer jedhamaniidha.

Tajaalila yaalii gaggeeffameen COVID-19 ittisuu akka danda'an namoota yaaliif talaallii fudhate keessaa parsantii 95 (95%) irraa bu'a qabeessa olaanaa qabaachuun hubatameera. Talaallii lamaan kanaa fi kanneen amma arkamuuf jiraniis ulaagaa fayyaa lafa kaayamanii jiran guutuu qabu.

- Talaalliin COVID-19 kun fayyaalessa tahuu isaa mirkaneessuuf tarkaanfileen Kanaan dura fudhataman hundi fudhatamaniiru. Namoonni yaaliin talaallii COVID-19 irratti gaggeeffame kan yaalii biraatiin wal fakkaataa fi hawaasa garaagaraa kan hirmaachiseedha. Ulaagaan fayyaalummaa mirkaneessuuf duraan ture talaallii COVID-19 fayyaalessa, qulqulluu fi bu'a qabeessa tahuu isaaf gaggeeffame hin jijjiiramne.
- Sadarkaa isaa ol kaasuuf oomishtoonni qorichaa qorannoo waggaa soddomaa dabalataan haala haarawaa fi saffisa qabuun qoricha talaallii oomishu. Kaampaaniin (kubbaaniyyaan) talaallii kanaaf saffisaan oomishuu kan danda'uuf mootummaan federaalaa kaffaltii irraa waan kafaluufi.

AKKAMITTIIN TALAALLII ARGACHUU DANDA'A?

- Talaalliin COVID-19 kafaltiirraa bilisa. Akka waliigalaatti dhiheessitoota tajaajila yaalaa, buufataalee fayyaa talaallii kennan kan biiroo fayyaan gaggeeffaman, jiddugala fayyaa hawaasaa fi Faarmaasiiletti ni argattu.
- Talaalliin COVID-19 yeroo lama itti fufinsaan fudhatama. Yeroo takka erga tufhattee torbee lama yokiin sadi booda deebi'uun talaallii lammaffaa fudhatta. Eegumsa fayyaa guutuu aragachuuf yeroo lamaanuu waraannachuun barbaachisaadha.

Odeeffannoo bal'aa waa'ee talaallii kanaa torbaanota dhufan kana ni argattu. Waa'ee talaallii ilaalchisee wanni miidiyaa hawaasaa fi intarneetii gubbatti argitanii fi dhageessan hundi dhugaa akka hin taane hubachuu qabdu. Odeeffannoo amanamaa aragachuuf odeeffannoo fayyaa amanamoo, ogeessota fayyaa fi waajjiraalee mootummaa dhugaa fi saayinsii irratti hundaa'an hordofaa:

- Centers for Disease Control and Prevention (CDC):
  www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/vaccines/index.html
- Minnesota Department of Health (MDH):
  www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/vaccine
- Saint Paul – Ramsey County Public Health:
  www.ramseycounty.us/COVIDvaccine

Odeeffannoo haaraas ta'ee odeessa iddoo kilinilii talaalliin itti gaggeeffamuu akkasumaas ittisa, yaalii fi gargaarsa waa'ee COVID-19 ilaalchisee argachuuf toora weebsaayitiii ramseycounty.us/coronavirus ilaali.